Oromo Oromoo

COVID-19 INFO

# COVID-19 Korona Vayiresii

Vayiresiin kun addunyaa irraa biyyoota hedduu keessa kan jiru yoo tahu namoota vayiresicha qaban irraa nama qaba. Kanaaf hanga danda'amutti ofii keenyaa fi maatii keenyatti akka hin daddabarreef ittisuuf baay'isnee eeggachuu nu barbaachisa.

**ATI?**

- Dhihoo biyya alaa irraa gara Australia dhuftee.
- Nama dhukkubicha nan qaba jedhetti qaamaan itti dhihaattee jirtaa.

**FI**

**ATI?**

- Qaama gubaa, qufaa, dhukkubbii laagaa, qaama caccabsaa, rakkoo afuura baafachuu, bututa qaamaa (si dadhabsiisuu) ni qabdaa.

**GAAFFII KANNEENIIF DEEBIIN KEE EYYEE YOO TAHE:**

Tajaajila afaan hiikaa (deebisaa) (TIS) **131 450** irratti itti bilbilii afaan dubbattu isaanitti himi. Bilbila irra turii yeroo namni afaan siif hiiku siif dhihaatu Sararaa Fayyaa Ummataa **1800 020 080** bilbiluu akka barbaaddu itti himi, itti aansitee maal godhchuu akka qabdu namni sun sitti hima. Dhukkubichaaf qorannoo addaa akka taasifattu **YOOKAAN** torban 2f mana keessa akka turtu tarii sitti himamuu danda'a.

Akka qofaatti of-baastu (**self-quarantine**) yoo sitti himame kana jechuun namoota kaan irraa adda baatee mana keessa turta jechuu dha.

- Gara dalagaa, mana barmootaa yookaan nyaata bitachuuf manaa bahu hin dandeessu jedhuu dha – kanaaf, akka namni kaan nyaataa fi daawaa (qoricha) siif bitanii ulaa dura bakka ati fudhachuu dandeessu siif kaayan bilbilaan gaafadhu.
- Keessummootni si dubbisan gara qe'ee kee torban 2 kanaaf akka dhufan hin hayyaminiif (tole hin jedhini).
- Yeroo akkasii maatii keetiif nyaata hin qopheessin yookaan itti siqxee hin gargaarini.
- Ammaaf, hiriyootni yookaan maatiin kee dhihoo gara Australia dhufan, torban 2f mana isaanii keessa turu. Mana isaanii keessa hin seenin, garuu ammo hanga torban 2n kun dhumatutti nyaata ulaa isaanii dura buusteefii bilbilaan itti dubbachuu dandeessa.

Dhukubicha yoo qabaattes yookaan hin qabaannes kanneen kanaa gadii godchuun kee **barbaachisaa** dha:

- Osoo nyaata harkaan hin qabini fi harkaan qabuu keetiin booda, akkasumas erga gara mana hobbaa (fincaanii) deemteen booda harka kee saamunaa fi bishaaniin akka gaarii dhiqadhu. Maatii kee waliin qodaa tokko keessaa nyaata **hin nyaatinaa**.
- Ciqilee kee yookaan haxooftuu funyaanii keessatti qufa'i, haxxifadhu. Yoo haxooftuu funyaaniitti dhimma baate, haxooftuu sana gatii harka kee dhiqadhu.
- Bishaan ho'aa saamunaa qabuun mana nyaataa fi mana dhiqannaa kee qulqulleessi.
- Doktorri kee waan afaanitti keeyyattu yoo siif kenne uffachuu hin dagatin.

Kun kan qopheessme Susan Neighbour, Refugee Health Social Worker, LGH Bitootessa (March) 18,2020